

Guddina Afaanii Tumsuuf Gahee Maatii

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii
Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e**

Bara 2012

Qajeelfama Waliigala Leenjichaa

Kaayyoo leenjichaa: maatiin yookiin guddiftoonni leenjii kanaan booda:

Guddina afaan daa'immanii karaa sirrii ta'een dadammaqsuun akkaataa itti gabbisuun danda'amu ni qayyabatu/Hubatu.

Hirmaattonni leenjichaa

Hirmaattota leenjii kanaati jedhamanii kanneen eeggaman: Barsiisota, hojjattoota dhaabbilee kunuunsa daa'immanii keessa hojjataniifi akkasumas maatii/guddiftoota daa'immaniiti.

Keessa deebii marii guyyaa darbee

Tokkoon tokkoo leenji'aa wanta yeroo darbe barate yaadachuuf kan isaan gargaaru yeroo leenjii hundaa jalqabarratti hirmaattonni lama yaada ijoo ta'e marii yeroo darbee keessaa akka dhiheessan gaafachuu: FKN

1. Yeroo darbe kan irratti mari'achaa turre maalfa'i?
2. Marii yeroo darbee ilaalchisee wantoonni achi keessatti isin ijoollee keessan wajjiin maal gootan? Rakkoon isin muudate jiraa?
3. Barumsi darbe ollaa keessaniifi hiriyoota wajjiin hojjataniif qooddani/barsiiftanii?

Madaallii leenjiin duraafi boodaa

Tokkoon tokkoo kutaalee/mata duree leenjii keessatti osoo hinjalqabin dura hirmaattotaaf madaallii leenjiin dura ni kennamaaf. Leenjiirratti beekumsa horatan madaaluufis immoo leenjiin boodas dhuma marii irratti madaalliin nigaggeeffama.

Seera/Danbii Waliigalaa Leenjicha

Guyyaa jalqaba leenjii ; seera bu'uuraa/danbii kanneen armaan gadiitti tarraa'ee jiru hirmaattotaaf beeksisuu.

- Teessoon leenjitootaa walakkaa geengoo osoo ta'ee filatama.

- Mari'achiisaafi hirmaattonni walbaruu
- Yeroon argamuu
- Yeroo leenjii bilbila moobayilaa cufuu/callisiisuu/sagalee balleessuu
- Wayitii leenjii guutumatti argamuu
- Hirmaannaa hoo'aa taasisuu
- Yaada namoota biro kabajuu
- Filannoo nama waan guyyaa guyyaa baratame yaadachiisu. Guyyaa tokkoon tokkoon jalqaba/ganama waan guyyaa darbe baratame ilaalchisee hirmaattota yaadachiisuuf gabaabinaan ibsa akka godhaniif hirmaattota lama(2) filuun dhiheessiif daqiiqaa shan(5) murteessuu
- Iddoo leenjichaa sirreessuun:- guyyaa tokkoon tokkoo daqiiqaa 10f qindeessitoonni leenjichaa iddoo leenjii ni mijeessu.
- To'ataa yeroo filachuu

Meeshaalee leenjiif barbaachisu

- Kitaabilee durdurii/seenaa umrii daa'immanii giddu galeessa godhatee qophaa'ee jiruufi kitaabilee
- LCD Pirojekterii fi kompiiteera(Yoo danda'ame)
- Gabatee gurraacha itti barreessuufi mijataa ta'e ykn chaartii Filippii
- Maarkeera
- Qalamaafi dabtara yaadannoo
- Barruu gaggabaaboo tamsaasuuf/raabsuuf mijattu

Guddina Afaanii Gabbisuuf Gahee Maatii

Yeroo marii Tokkoffaa

Daa'imman akkamitti walii galuu danda'u?

Yeroon Ramadame : Daqiqaa Jahaatama(60)

Mari'achiisaa

Seensaaf qabxiilee armaan gaditti dhiyaate dubbisaa. Akkasumas caalatti ibsa gahaa ta'e mata duree marii kanaan boodatti yaadolee dabalataa mar'achiisaaf jedhu dhumarratti ilaali.

Mariachiisaa maritti osoo hinseenin yaadannoo faayidaa qabdu tana dubbisaa.

Daa'imman akkamitti walii galuu danda'u?

Daa'imman akka nama beekaatti afaan idilee itti fayyadamuuf yaalii kan jalqaban umrii isaanii waggaa tokko seenuuf jiini muraasni yoo isaan hafeedha. Umriin isaanii ji'a sadii hanga jahaatti kan jiran jalqabarratti sagalee hiika hinqabne suuta suutaan akkasumas kutaa jechaa hiika hinkennine irra deddeebiin shaakaluu jalqabu. Itti fufuun jecha qubee tokkoon (Fkn: bbb... mmm...ddd... hhh...) walii galteef itti fayyadamuu jalqabu. Daa'imman dubbachuu osoo hin eegalin namoonni naannoo isaanii jiran kan dubbatan dubbii sasalphoo hubachuu ni danda'u. dhaggeeffachuunis dandeettii afaanii ni gabbiffatu. Daa'imman maaliif, akkamitti akkamitti akka odeessan dubbii namoota biroo dhaggeeffachuun baratu, ni shaakalu. Adeemsaan dubbii fi gochoota namoota naannoo isaanii jiran ilaaluufi fakkeessanii shaakaluu ni eegalu. Afaan meeshaa walii galteeti. Daa'imman akkaataa armaan olitti ibsameen suuta suutaan adeemsa adda addaatiin fedhiifi miira isaaniitti dhagahame namoota naannoo isaanii jiruuf ni dabarsu. Daa'imman umriin isaanii akkuma dabalaa deemeen namoonni sagalee akkaataa itti baasan, sochii fuula isaaniifi akkaataa harka itti sochoosan akkasumas sochii qaamolee biroo akkamitti walitti qindeessanii itti fayyadaman xiyyeeffannoon hordofu. Isa kanas fakkeessuu, hojjachuu yaalu.

Yaada marii yeroo darbee keessa deebi'uun yaadachiisuu

Daqiqaa shan(5)

Mari'achiisaa

Hirmaattota lama marii yeroo darbee keessaa yaada ijoo akka yaadachiisan haa gaafatamanii.

1. Wantoonni guyyaa darbe irratti mari'achaa turre maal fa'i?
2. Barumsa yeroo darbee namoota naannoofi iddoo hojiitti waliin hojjattaniifi ibsa gootanii?

Mari'achiisaa

Kaayyoo ibsaaffii

Kaayyoo Marii kanaa: dhuma marii kanaarratti maatiin;

- Akkaataa daa'immanii afaan itti gabbifatanirratti yaada waljijjiiru.
- Sadarkaa guddina afaan daa'immanii addaan ni baafatu.

Shaakala Gochaan: Hojii Garee (daqiiqaa digdama)

Mari'achiisaa

Afaan maaliif fayyada? Osoo afaan hinjiraannee ta'ee waliigaluun ni danda'ama turee? Gaaffilee kana akka dammaqsuuf maatii ijoollee gaafachuun waan beekan akka dubbatan hirmaattota jajjabeessuu.

Faayidaan afaanii walii galteef akka ta'e akkasumas, deebii maatiin deebiserratti hundaa'uun afaan osoo hinjiraannee ta'ee akka addunyaan yeroo ammaa kana barreeffamaafi haasaan karaa qindaa'een yaada waljijjiiruufi walii galuu kan hindanda'amneefi kanarraa kan ka'e afaan osoo hinjiraannee garuu beekumsa/ogummaa/fi misooma akkasumas nageenya uumuun akka rakkisaa ta'e itti haa himamuu/ibsamuufii.

Mariin guyyaa har'aa daa'imman ogummaa afaan isaanii akkaataa itti gabbifatanirratti kan fuulleffatu ta'uu isaa itti himamee maatii gareen ijaaruun gaaffilee ijoo irratti yaada akka waljijjiiran beeksisaa.

Hirmaattonni garee saditti haa qoodamanii.

Tokkoon tokkoo garee gaaffilee armaan gadii irratti marii haa gaggeessanii.

1. Daa'imman umrii armaan gadii keessatti waan itti himne hangam yaadatu?
 - A. Daa'imman haaraa dhalatan

- B. Daa'imman ji'a sadii
- C. Daa'imman ji'a torbaa
- D. Daa'imman waggaa tokkoo
- E. Daa'imman waggaa lamaa
- F. Daa'imman waggaa afurii

2. Daa'imman naannoo umrii armaan gadii keessatti tarreeffaman akkamitti maatii ykn nama beekaa wajjiin walii galuu danda'u? Fkn: Akkamitti ofibsuu danda'u? Daa'imman yoo gammadan, yoo gaddan, ykn yoo dallanan, yoo dhukkubsatan, miirri isaan agarsiisan fakkeenyaan agarsiisuun caalatti jajjabeeffama.

- A. **Daa'imman haara dhalatan:** (Fkn ; yeroo gammadan callisuufi tasgabbaa'uu, yoo dhukkubsatan ykn dallanan, boo'uu, sochiin dhabamuun akka mul'istuu tokkotti fudhatamuu danda'a.
- B. **Daa'ima ji'a sadii-** (Fkn: yoo gammadan tasgabbi, fuula ifaafigammachuuqabuufi dhiddhiidachuu; maatii yoo argan gammachuu/fuula ifaa u'utaaluu, yoo dhukkubsata ykn yoo dallanan boo'icha hamaa boo'u; fuula dallansuu agarsiisuufi fuula dallansuu qabu agarsiisuufi agarsiisaa dhidhiitachuu, maatiin taphachiisuufi yoo yaalu fuula barbaadamu agarsiisuu dhabuu; nyaata diduu...)
- C. **Daa'ima ji'a torbaa;** (Fkn: yoo gaddan ykn dallanan boo'uu, dhidhiitachuu, namni yoo itti dhiyaate boo'uufi hammaachuu yoo fedhan fedhii dhabuu, nyaata diduu, yoo gammadan meeshaa ittiin taphatu ykn meeshaa ta'e kaasee dadarbachuu, yoo gammadan immoo kolfoo, yoo namni itti dhiyaateeffi hammachuu/olfuudhuu barbaade hammatamuuf fedhii agarsiisuu, maatiin akka qabatu fedhuuf harka kaasuun affeeruu, sagaleen maatiin dhageessisu akkaataa hiika hinqabneen akkeessuu yaaluu, maatiin sochii" Si arge" fi kkf sosochii daa'imman gammachiisuu danda'an yoo agarsiisan kolfuufi kkf)
- D. **Daa'ima waggaa tokkoo**(Fkn: yoo gammadan fuula ifaa/kolfoo/waan itti gammadan irra deebi'uu ykn akka irra deebi'amuufi mallattoon agarsiisuu, kunuunsitoonni waliin taphachuufi fedhii qabaachuu, yoo gaddan ykn cinqaman immoo fuula guuruu/fuula gaddaa agarsiisuu, boo'uu, mufachuu ykn kunuunsitoonni taphachiisuu ykn dubbisuuf yoo itti dhiyaatan fedhii dhabuu, meeshaa ittiin taphatu/ttu ykn meeshaalee biro dadarbachuu.

- E. **Daa'imman waggaa lamaa.**(Fkn: yoo gammadan fuula ifaa/kolfaa, gammachuu isaanii jechaan ibsatu; wanta itti gammadan sana ta'e jedhanii akka irra deebi'aniif jecha gaafachuu, waan isaan gammachiise irra deddeebiin gochuu, waan isaan gammachiise ykn nama isaan gammachiisetti dhiyaachuu, yoo gaddan/cinqaman/jeeqaman immoo wanta/nama isaan gaddisiiseykn jeeqe argan ykn dhagahan boo'uu, nama isaan jeeqe/cinqe yoo argan dheessuu, dhaanuu ykn ooduu, fuula gaddaa agarsiisuu, amala diddaafi ... kkf)
- F. **Daa'imman waggaa afurii.**(Fkn: yoo gammadan tapha/hojii isaan gammachiise irra deddeebiin taphachuu ykn hojjachuu fedhuu, nama isaan gammachiisetti dhiyaachuu, nama wantoota/nama isaan gammachiise osoo isaan hinbarbaanne yoo addaan bahan gadduufi ooduu/ mufachuun ibsachuu , ta'e jedhanii tapha/gocha isaan gammachiisu jalqabuu, gara waan isaanitti hintolle/jibbisiise/miidhetti seenuurra maatii kadhatu/FKn dabbasaa haadachuu, lilmoo ogeessa fayyaatiin ajajame waraannachuufi kkf haala isaan itti gammaduu danda'an akka uumamuuf maatii isaanii gaafachuu/ fkn bashannan,waldhidhiibuu, dhokatoofi kubbaa taphachuu...)

Mari'achiisaa

Tokkoon tokkoo garee yaada ijoo marii kanaa yaadannoo akka qabataniifi namoota hirmaataniif nama dhiheessuu filachuu isaaniin mirkaneessi.

Hojii garee gabaasaa dhiheessuu

Bakka bu'oonni garee hunduu yaada ijoo marii garee isaanii dhiheessuutu irraa eegama. Dhiheessaan tokko yoo baay'ate daqiiqaa shan keessatti xumuruu qaba.

Mari'achiisaa

Tokkoon tokkoo garee waan irratti mari'ataniifi deebii kennaman dhiheessuun irraa eeggama.

Dhiheessaan tokko yoo baay'ate daqiiqaa shan keessatti xumuruu akka qabu ibsaaffii. Leenji'aa fedhiidhaan filachuun daa'imman yoo gammadan, gaddan,ykn cinqaman fi dhukkubsatan haala fuulaafi sochii qaamaa/ haasa'aa isaanii qabatamaan akka agarsiisan gochuu. Ibsa hundaan booda hirmaattota keessaa namni tokko gaaffii ykn yaada akka dhiheessu jajjabeessuu.

Gabaasa /gaaffilee yaadoleen dhiyaatan ilaalchisee yaadolee cimsaa ykn sirreeffamaa kennuun gochoota goolabuu.

Mari'achiisaa; yaadoleen kennitan yaadannoo mari'achiisaaf mata-duree jedhu jalatti odeeffannoo dabalataan dhumarratti kenname waliin walsimuu qaba.

Madaallii/Keessa deebii/ Daqiiqaa shan

Mari'achiisaa

Gaaffileen madaalliifi dhiyaatan hirmaattonni guyyaa kana hangam akka baratan madaaluufi kan dhiyaate malee qormaata akka hintaane hirmaattotaaf haa ibsamuu.

Hirmaattota keessaa namni tokko ka'ee akkaataa daa'imti umrii ji'a jahaa (6) mul'istuu dandeettiifi ogummaa afaanii itti gabbifatan akka yaadatan haa gaafatamuu.

Deebiiwwan kennamanirratti hundaa'uun mari'achiisaan yaada cimsaaykn sirreeffamaa ni kenna. Mari'achiisaan duubdeebiin yoo kennan barruu kana keessatti odeeffannoo dabalataa mari'achiisaaf taa'e waliin walsimuu qaba.

Ergaalee Ijoo (Daqiiqaa shan)

Mari'achiisaa

Ergaalee ijoo kana dubbisaaffii

- Maatiin daa'imman yoo tuttuqnu, hammannu, dubbisnu ykn fuula gara garaa itti agarsiifnu kanneen isaan deebii gara garaa nuuf deebisan ilaaluufi dhaggeeffachuun nurraa eegama
- Duraa duubummaan afaan daa'immanii itti gabbifatan adeemsa walfakkaataa ta'us daa'imman hunduu afaan gabbifachuu/cimsuufi qabachuun dandeettiin isaanii gara gara ta'uu nidanda'u.

- Daa'imman hedduu waggaa sadaffaa isaaniitti dubbachuu kan danda'an yoo ta'u waggaa arfaffaafi shanaffaatti seenaalee adda addaa dubbachuu nidanda'u.

Guduunfaa(Daqqiqaa Shan)

Mari'achiisaa

Yeroo marii kanatti maatiin adeemsa sadarkaa daa'imman afaan itti gabbifatan barachaa akka turan yaadachiisuu barbaachisa. Dabalataan kan baratan faayidaa akka qabuufi manneen isaaniitti yoo deebi'an akka itti fayyadamuu qaban akeekkachiisuun barbaachisa. Akkasumas olloota isaanii waliin odeeffannoo akka waljijjiiruu danda'an yaadachiisuun faayidaa qaba. Dhumarratti hirmaattonni marii guyyaa har'aa kanaaf hirmaachuu isaanii galateeffachuun barbaachisadha.

Yaadannoo Mari'achiisaaf

Mari'achiisaa

Qophiin mariif taasifan keessatti ykn yeroo mariitti yaadonni bahanii mul'ataniif boqonnaa kana keessatti hammatamuu ykn irra deebiin xinxalamuu barbaadan yaada ijoo yaadannoo qabadhaa. Yaadoleen ijoo kun barruu kana gara fuula dura caalatti gabbisuuf gargaara.

Odeeffannoo Dabalataa Mari'achiisaaf Dhiyaate

Guddina Afaan Daa'immanii

Daa'imman dubbachuu osoo hin eegalin dura dubbii/haasa sasalphaa beektotaa ni hubatu. Akkuma yeroon dabalaa deemeen jechoota dubbii baay'ee beekuu jalqabu. Yeroo namoonni naannoo isaanii jiran haasa'a xiyyeeffannoon ilaaluun sagalee akkaataa isaan itti baasan, sochii harkaa, fuulaafi qaama isaanii xiinxalan/xiyyeeffannoon hordofu. Daa'imman yeroo maatiin/guddiftoonni dubbisan karaa adda addaatiin jechuun fuula ibsuun, sagalee irra deddeebi'uun, xiyyeeffannoo itti kennanii deebisuufi yaalii godhu.

Daa'imman namoota hundaa adeemsa guddina afaanii keessatti bifa/haala walfakkaatuun keessa darbu. Ta'es garuu, daa'imman hunduu yeroo walfakkaataa keessatti ni dubbatu jechuu miti. Hundi isaaniituu adeemsi dandeettii barachuu/beekuu kan mataa isaanii qabu. Daa'imman tokko tokko dursanii dubbachuu jalqabu; tokko tokko immoo yeroo dabalataa barbaadu. Ta'es daa'imman hunduu waggaa sadii(3) keessatti dubbachuu ni danda'u.

Akkaataa guddina afaan daa'immanii ji'aan qoqqoodamee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Daa'imman dhalootarraa kaasee hanga ji'a jahaa keessa jiran

Mari'achiisaa

Guddina afaan daa'immanii haala armaan gadiitiin tartiibaan tarreeffamee jira waan ta'eef akkuma jirutti hirmaattotaaf dhiheessi.

Hangam Hubatu?

- ❖ Sagalee guddaa yoo dhagahan ni nahu.
- ❖ Yeroo dubbisan fuula ibsuu yookiin callisuu danda'u
- ❖ Sagalee maatii/guddiftootaa adda ni baafatu
- ❖ Kallattii sagalee dhagahanitti naanna'uu
- ❖ Meeshaa taphaa/ashaangulliitii/ sagalee baasan xiyyeeffannoon ilaalu.
- ❖ Sekondii muraasaaf (15-20) sagalee baasuuf yaalu
- ❖ Namoonni yoo isaan dubbisan dubbii namootaatiif fuula ibsuun deebii kennu.

Walii galuuf maalitti fayyadamu?

- ❖ Maatiin/Guddiftoonni kan beekan sagalee gammachuu/itti quufiinsa/ ibsu
- ❖ Fedhiilee gara garaa ibsachuuf boo'icha akaakuu gara garaa dhageessisuu
- ❖ Nama walbeekaniin yoo wal argan fuula ifaan simachuu
- ❖ Sagaleewwan baay'eetti fayyadamuun qooqa/dubbii/ cabaquu/loqoda/ fakkaatuun sagalee baasuu
- ❖ Kolffuu
- ❖ Mufachuu/Aaruu isaanii ibsachuuf sagaleewwan gara garaa fayyadamu.

Ji'a Torbaa Hanga Ji'a Kudha Lamaa

Hangam Hubatu?

- ❖ Taphootatti gammaduu jalqabu-Fakkeenyaaf:- dhokattoo “Si arge”
- ❖ Karaa kallattii sagaleen irraa dhufe dhagahametti naanna’uun ilaaluu
- ❖ Yeroo haasofsiisan dhaggeeffachuu
- ❖ Meeshaalee guyyuu itti fayyadaman kanneen akka: Sinii, kobbee, aannan, bishaaniifi maqaalee kanneen birootis adda baasuun akkasumas gaaffilee tokko tokko dhageeffachuun deebisuu, fakkeenyaaf Koottu? , as fidi, ... kanneen birootis,...
- ❖ Jechoota muraasa irra deddeebiin dhagahaman jechuun dhageessisuu
- ❖ Ajaja sasalphoo dhaggeeffachuun raawwachuuf yaaluu

Walii galuuf maalitti fayyadamu?

- ❖ Cabaquun/Loqoduun sagalee/jechoota dhageessisuu(b...b..b...,g...g...g...)
- ❖ Xiyyeeffannoo akka kennaniif yoo barbaadan booyuu irra sagalee yookiin afaan walhidheen sagalee dubbii waa fakkaatu baasuu
- ❖ Sochiilee qaama adda addaa dhiheessuun /agarsiisuu Fakkeenya hafarsuu, diriirsuu,...
- ❖ Sagalee fakkeessanii baasuu
- ❖ Sagalee tokko tokko akka jedhamuu qabutti yaamuu. Fakkeenyaaf, maa..., baaba..., toole...,nyaa, nyaa... nyaa,...fi kanneen biroos.

Waggaa Tokkoo Hanga Waggaa Lamaa

Hangam Hubatu?

- Yoo gaafataman kutaa qaamotaa agarsiisuu
- Ajajaafi gaaffilee sasalphoo raawwachuu/deebisuu: Fkn, Harmeen eessa jirti? Koottu na dhungadhu? Kubbaa darbadhu? Fi kkf
- Durdurii/Seenaalee fi faaruu xiyyeeffannoon dhaggeeffachuu
- Meeshaalee naannoo isaanitti itti fayyadaman yoo waaman ni mul’isu.

Walii galuuf maalitti fayyadamu?

- Ji’a ji’aan jechoota baay’ee haasa’u

- Gaaffilee murtaa'oo gaafachuu. FKN: Eessa jira? Chaaw.... Deemi? Kun maalinni?
- Jechoota lama tokkummaan itti fayyadamuu, FKN: Harmeeffii, Kobbee aannaniifi kanneen biros...

Waggaa Lamaa Hanga Waggaa Sadii

Hangam Hubatu?

- Hiika jechoota tokko tokkoo ni hubatu. FKN: deemi/dhaabbadhu, xiqqaa/guddaa, gubbaa/jala.
- Gaaffilee walqabatan lamaan hubachuu(saanii san kaasi minjaala irra kaa'i)
- Durdurii/seenaalee kan duraa irraa irra yeroo dheeraa dhaggeeffachuun bashannanuu

Walii galuuf maalitti fayyadamu?

- Wanta hundaa ibsuuf jechootatti fayyadamu.
- Waa'ee waan tokkoo dubbachuuf ykn gaafachuuf jechoota lama ykn sadi fayyadamuu
- Irra deddeebiin gaaffilee gaafachuu

Waggaa Sadii Hanga Waggaa Afurii

Hangam Hubatu?

- Kutaa biroo keessa taa'anii yoo dubbatan dhaggeeffachuun deebii kennuu danda'uu
- Sagantaa TVn ykn raadiyoon daa'imman irratti qophaa'u dhaggeeffachuufi hubachuu danda'uu
- Gaaffilee eenyu, eessa, maalinni, fi maaliif jedhanii gaafataman deebisuu danda'uu

Walii galuuf maalitti fayyadamu?

- Daa'imman gochaawwan irratti hirmaatan ykn argan ibsuu
- Namoonni dhiheenya daa'imman waliin hinqabne haasa'a daa'immanii hubachuu danda'u
- Himoota jechoota afuriifi sanaa ol qabatee jiru fayyadamuu
- Jechoota osoo irra hindeddeebi'in bilisa ta'anii dubbachuu danda'uu

Waggaa Afurii Hanga Waggaa Jahaa

Hangam Hubatu?

- Seenaa gaggabaaboo dhaggeeffachuun gaaffilee sasalphoo deebisu
- Dhimmoota mana barumsaa fi mana isaanii keessatti haasa'amu baay'ee isaanii hubachuu danda'uu
- Qubeewwan baay'ee sagaleefi boca/mallattoo adda baasuu ni yaalu.
- Qubeewwan walbaraniin fakkeessanii barreessuufi walitti makanii dubbisuu ni shaakalu.

Walii galuuf maalitti fayyadamu?

- Himoota yaada baay'ee of keessaa qabanitti fayyadamu
- Durdurii/Seenaa dhagahan irra deebi'anii himuu danda'uu
- Daa'imman ykn namoota gurguddaa waliin walii galuu
- Jechoota baay'ee sagalee sirrii /akkaataa itti dubbifamuu qabutti dubbisuu/yaamuu
- Qubeefi lakkoofsoota tokko tokkotti fayyadamuu
- Akka miseensa maatii tokkootti caasluga/seerluga himootaa fayyadamuu

Daa'imman afaan barachuuf adeemsi jalqabaa sagaleewwan addaan baasuufi kallattii isaanii barbaaduun dadammaqina guddina isaanii fuula ifaafi kolfaan ogummaa haasa'aa guddisuuf haasaaf mijeessuuf. Sagaleewwan naannawa isaanitti dhagahan fakkeessuun shaakala isaanii kan cimsatan yoo ta'u, sagaleewwan dhageessisuu irra deddeebiin kolfa sagaleen deeggarama dhageessisuu ergaa dabarsuuf yaalu. Waggaa sadii hanga afur yeroo ta'anitti seenaa/durdurii haasa'uu eegalu. Itti fufuun waggaa afuritti seenaalee dhedheeraa/Relatively/ ta'an odeessuu ni danda'u. Naannawa umrii kanaatti hojiin ijoon daa'immanii gaaffilee baay'ee iddoo itti kaasaniifi hiika jechootaa hubachuuf yeroo ciminaan itti carraaqaniidha.

Yeroo marii 2^{ffaa}

Gabbina Afaan Daa'immanii Guddisuuf Gahee Maatii

Yeroon ramadame (Daqiiqaa Jahaatama)

Mari'achiisaa

Qabxiilee seensaaf ta'u akka armaan gadiitti dhiyaateera dubbisaa. Akkasumas odeeffannoo caalatti bal'inaan kan argamu dhuma kutaa kanaatti mari'achiisaaf odeeffannoo dabalataa jechuun yaadota tarreeffamee jiru ilaalaa.

Mari'achiisaan marii osoo hin eegalin dura yaadannoo faayidaa qabdu tana haa dubbiffamuu

Maatiin tokko tokko daa'imman wantoota hubachuuf baay'ee laafoo(ጭቅላ) akka ta'anitti yaadu. Yaanni akkanaa kun daa'imman haasa'aa ykn ogummaa afaanii guddifachuuf akka hin yaanneefi deeggarsa barbaachisaa akka hingooneef taasisa.

Maatiin biroo immoo daa'imman wantoota hundaa hubatanii ariitiin akka dubbatan eegu. Kanaafuu daa'imman irratti dhiibbaa guddaan waan uumamuuf haala salphaan abdiin akka kutatan taasisa.

Daa'imman afaan haasa'aa yookiin ogummaa isaa ariitiin ittiin gabbifatan wal hin fakkaatu. Kanaafuu maatiin daa'imman haasa'a/dubbii/ yookiin hubannoo afaanirratti qaban, waliigalteen ogummaa isaan sadarkaa inni irra gahe adda baasuuf marii yeroo darbee irratti yaadota ijoo sana yaadachuun nurraa eegama. Gabbinaan afaan daa'immanii guddisuuf karaan filatamaan yeroo hunda daa'imman haasofsiisuudha. Haala oolmaa isaanii itti himuun, wanta yeroo kana raawwachaa jiran itti himuun akkasumas yaaliiwwan daa'immanii jajjabeessuufi dinqisiifachuun afaan daa'immanii gabbisuun ni danda'ama. Daa'imman daa'imman biroo wajjiin akka taphatan affeeruu, akkasumas nama gurguddaa waliin akka haasa'an jajjabeessuun dandeettii afaan isaanii guddisuuf deeggaruun nurra eegama. Durdurii dubbisuuf yookiin seenessuun filannoo kan biroos ta'ee afaan daa'immanii gabbisuufi guddisuu karaa filatamaadha.

Maatiin ogummaa afaan daa'imman isaanii akkamitti gabbisuu danda'u?

- Jechoota sasalphootti fayyadamanii haasofsiisuu
- Daa'imman fuula ifaan, sosochiifi booyichaan fedhii isaanii yoo ibsatan ariitiin deebii gahaa deebisuun guddina afaan isaanii ariifachiisuu
- Wantoota barataman naannawa isaaniitti argamu itti mul'isuun maqaa isaanii sagalee olkaasanii itti himuufi tuqsiisuun beeksisuu/walbarsiisuu/

- Daa'imman jechoota haaraa dubbachuuf yeroo shaakalan irra deddeebiin akka yaaman jajjabeessuu
- Daa'imman waan ijaan argaa jiran jechoota sasalphaa haasa'uu
- Daa'imman wajjiin yoo haasa'an sagaleewwan gara garaa jechoota sirrii ta'een bakka buusuu. Fakkeenya: daa'imman "saree" jechuuf "wuh" yoo jedhan jecha "saree" jedhu fayyadamuun odeessuu/haasa'uu./
- Sosochii qaamaatiin deeggaranii daa'imman waliin haasa'uun ariitiin walii galuuf dandeessisa. Fkn: Nagahaan turaa yeroo yeroo jennu harka keenyaan afarsaa/sosochosaa agarsiisuu
- Daa'imman ogummaa afaanii akka gabbifatan durdurii seenessuuffiin ykn durdurii dubbisuuf; Kitaabilee suuraa qaban faaruun fayyadamuun maatii waliin walitti dhufeenya qaban ni jajjabeessa; yaanni bal'aa akka ta'u isaan dandeessisa.

Yaada marii yeroo darbee keessa deebi'uun yaadachiisuu (Daqiiqaa Shan)

Mari'achiisaa

Hirmaattota sadii affeeruun yaada ijoo marii yeroo darbee akka yaadachisan gaafadhaa.

1. Wantoonni yeroo darbe irratti mari'achaa turre maalfa'i?
2. Barumsa yeroo darbee olloota keessaniifi hiriyoota iddoo hojiitti waliin ooltaniif qooddani?

Kaayyoo Marii: Maatiin Leenjii kanaa booda:

- Guddina afaan daa'immanii gabbisuuf yaadota faayidaa qaban ni argatu. (Kan gargaaran)
- Yaadota muuxannoo bu'aa qabu hirmaattotaaf ni qoodu,ni kan nama biroo nifudhatu.

Shaakala Qabatamaa (Hojii Garee)(Daqiiqaa afurtama)

Mari'achiisaa

1. Maatii/Hirmaatota gareetti qooduu
2. Tokkoon tokkoo garee daa'imman ogummaa afaanii guddisuu deeggaruuf maal gochuu akka qaban haala beekumsaafi muuxannoo isaaniitiin mari'atan gaaffilee

armaan dhiheessiif

3. Tokkoon tokkoo garee yaada ijoo marii yaadannoo qabachuun barreessaa dhiheessuu danda'an fedhiidhaan garee hunda keessaa filachiisuutu eegama.

1. Daa'imman umriin isaanii akka armaan gaditti argamu kanniiniif ogummaa afaanii walii galuu gabbisuuf jajjabeessuu akkamitti fayyadamtu?
 - A. Daa'imman haara dhalatan
 - B. Daa'imman ji'a sadiitiif
 - C. Daa'imman ji'a torbaatiif
 - D. Daa'imman waggaa tokkootiif
 - E. Daa'imman waggaa lamaatiif
 - F. Daa'imman waggaa afuriitiif

Marii Waliinii

Mari'achiisaa

Bakka bu'aan gareelee tokkoon tokkoo isaa dabaree dabareen wanta irratti mari'achaa turan deebiiwwan dhiheessuu qabu. Ibsi dhiyaatu fakkeenyaan kan deeggarama ta'utu isarraa eegama. Tokkoon tokkoo ibsaan booda hirmaattonni gaaffii akka gaafataniif ykn yaada akka kennan affeeruun akkasumas ibsa dhiyaaterratti yaadota kennanirratti duub-deebii kennuun barbaachisaadha.

Madaallii (Keessa deebii) (Daqiiqaa afur)

Mari'achiisaa

Gaaffilee madaalliif dhiyaatan guyyaa kana keessatti hangam akka barataniifi qabatan madaaluuf kan dhiyaatu malee qormaata akka hintaane itti himuun barbaachisa. Kanaafuu hirmaattota keessaa daa'imman ogummaa afaanii gabbisuuf/guddisuuf gochoota raawwatan akkasumas gocha sana faayidaa isaa akka ibsan gaafadhu.

Ergaalee Ijoo (Daqiiqaa Shan)

Mari'achiisaa

Ergaalee ijoo kana dubbisaafii

- Maatiin daa'imman ogummaa afaanii guddifachiif deeggarsi godhaniif sadarkaa umrii daa'immanii hubannoo keessa galchuu qaba.
- Daa'imman ogummaa afaanii guddifachuurratti wal hin fakkaatan. Ta'es garuu, maatiin deeggarsaafi gargaarsa walirraa hincinne gochuun daa'imman akka ogummaa afaanii gabbifatan gochuun ni danda'ama.

Cuunfaa (Daqiiqaa afur)

Mari'achiisaa

Yeroo marii kanaatti maatiin daa'imman ogummaa afaanii guddisuuf malleen gargaaran ilaalchisee odeeffannoo ijoo ta'e akka argatan yaadachiisuun barbaachisa. Dabalataan, maatiin daa'immanii ogummaa afaan daa'immanii guddisuuf dhimmoota raawwachuu qaban ilaalchisee ofii isaaniitiin odeeffannoo waljijjiiranii jiru. Erga kana ta'ee booda daa'imman afaan isaanii yoo gabbifatan daandiin jajjabeeffaman mana isaanii keessatti hojiirra oolchuufi ijoollee isaaniirratti jijjiiramoota dhufan yaadachuun yeroo itti aanutti gabaasa akka dhiheessan akeekkachiisuu.

Dhumarratti hirmaattota mariirratti waan hirmaataniif galateeffachuun barbaachisaadha.

Yaadannoo mariachiisaaf

Mari'achiisaa

Qophii mariif taasifan yookiin adeemsa marii keessatti yaadonni olba'anii mul'atan boqonnaa kana keessatti hammatamuu yookiin xiyyeeffannoo keessa galchinnu qaban yaada ijoo ta'e yaadannoo qabadhu. Yaadannoon ijoo kunniin barruu kana gara fuuladuraatti caalatti cimsuuf gargaaru.

Odeeffannoo Dabalataa Mari'achiisaaf

Yaadolee daa'imman afaan gabbisuuf deeggaran

Maatiin daa'immaniif guddina afaanii odeeffannoo sirriifi beekumsarratti hundaa'een deeggaruuf odeeffannoo barbaachisu yeroon argachuun barbaachisa. Inni kun maatiin human daa'immanii oliin dhiphisuu yookiin maal na dhibdeen dhiisuu irraa nama eega. Daa'imman hunduu yeroo walfakkaatutti haala walfakkatutti sadarkaa guddina afaaniin sadarkaa walfakkaturra gahuu hin danda'an ta'a. Marii yeroo darbee irratti akkuma ibsametti daa'imman hedduu sadarkaa guddina afaaniitiin iddoon gahuu qaban tarreeffamee dhiyaateera. Isa kanas maatiin daa'immanii karaa adda addaatiin sadarkaa umrii isaaniitiin haala sadarkaa maaliirra dandeettii afaaniitiin irra gahan hubachuuf isaan gargaara. Daa'imman tokko tokko sadarkaa dandeettii irra kaa'ame sana dursa kan qaqqaban yoo jiraatanis kanneen biroo immoo dandeettii kana yeroo taa'e keessatti kan hinqaqqabnes jiraachuu danda'u. Ta'es jaalalli maatii,kunuunsiifi jajjabeessa seera qabeessa ta'eefi dadammaqina dandeettii sadarkaa afaanii daa'immaniif taa'e akka salphaa ta'een akka gahan taasisa.

Daa'imman afaan gabbifachuuf sadarkaa umrii isaaniitiin kanneen armaan gaditti dhiyaate eertuuwwan kana ilaaluun yaaluun faayidaa guddaa qaba.

Yeroo dhalatee hanga waggaa tokkoo daa'imman jiran

- Daa'imman walii galtee cimsuuf/gabbisuuf ija ija keessa ilaaluun haasa'a sagalee irra deddeebi'anii dhageessisuu
- Haala fuula ifaafi kolfa isaanii fakkeessanii isaanitti agarsiisuu
- Daa'imman ji'a jahaa ol jiran harka walitti rukutuu, boqoo/maddii bobbokossuu, dhungachuu, boraatii/minjaala rurrukutuu, nagaa jechuuf harka sosochoosuufi gochaalee kana fakkaatan itti agarsiisuun daa'imman irra deebi'anii akka agarsiisan jajjabeessuun adeemsa walii galtee keessatti haasaaf dabaree barbaachisaa eeguun barsiisa.
- Daa'imman sagalee gara garaa barsiisuu FKN: b...b...b...b, p..p...p...p ,imiii,...imiii, jechuun; sagalee beeylada manaa dhaggeessisuun; kutaa qaaman isaaniifi akkasumas maqaalee meeshaalee mana keessaa barsiisuun ni danda'ama.
- Gochoota tokko tokko kanneen akka uffata uffachuu, baafachuu, nyaata nyaachuu, qaama dhiqachuufi raawwii walfakkaatu raawwachuun daa'immaniif haasa'a guddina afaan isaanii jajjabeessuu
- Qubbeen harkaa lakkoofsiisuun taphachiisuu
- Meeshaalee itti fayyadamnu tokkoon tokkoon maqaa itti himuu

Daa'imman waggaa tokkoofi lama keessa jiraniif

- Gochoota adda addaa yoo dalagdaniifi naannoo gara garaa yoo deemtan wantoota naannawa keessanitti argaman itti himuu; FKN: Konkolaataan dhufe, Sinbirroon balaliite, Mukichi dheeraadha, Sareen dhufe, jechuun haasa'a barsiisuu
- Daa'immaniif haala salphaa ta'een irra deebi'amee dubbatamee kan dubbachuu danda'an haasa'a sasalphaa dubbachuu, Fakkeenyaaf kubbaa haa taphannuu, harmeen dhufte, Daaddaan deeme,...
- Daa'imman yeroo isaan dubbatan haasa isaanii sana irra deddeebiifi bal'inaan dubbachuu, Fakkeenyaaf Daa'imman Addurree yoo jedhan Sirri! Si arge, Addurreen guddadha mitii? Jechuufi kanneen biroo afaan gabbisuuf gargaaran dabaluu babal'isuu
- Seenaa sasalphaa itti himuu,
- Hanga danda'ameen guyyaa guyyaan dubbisuu, barruulee, gaazexaa fi kitaabilee irraa fakkiilee barbaadaa seenessuu
- Seenaa dubbifamu keessatti fakkiilee jiran akka itti fayyadaman daa'imman gaafachuu. Daa'imman deebii kennuu dhabuu danda'u. Ta'us gocha kana irra deddeebiin yoo raawwatan daa'imman yeroo walfakkaataa tokkotti haala ajaa'ibsiisaa ta'een deebisuu ni danda'u.

Daa'imman waggaa Lamaafi Sadii keessa jiraniif

- Daa'imman wanta haasa'an irra deebiin yookiin bal'ifnee hubachuun akka haasa'uu barbaannuu fedhii agarsiisuu
- Wanta gaafataman ifaan ifatti akka haasa'an jajjabeessuu
- Jechootaafi himoota haaraa gara garaa fayyadamuun kuusaa jechoota daa'immanii gabbisuu
- Maqaa miseensota maatii manaa, korniyaa, maqaa beeylada manaa beeksisuu; dabalataan, hima keessatti itti fayyadamanii caalatti akka hubatan deeggaruu
- Meeshaa adda addaa , suuraa maatii iddoo tokko kaa'uun daa'imman maqaan adda baasaa akka agarsiisan gochuu
- Gaaffiilee "Eeyyeee yookiin Lakkiin" deebi'uu danda'an gaafachuu
- Faaruulee gara garaa faarfataa barsiisuu

- Hangam akka hubatan beekuufi/madaaluufi gabbisuuf himoota sirritti hin ijaaramne dhiheessuun “Ani sirriidhaa?” jedhanii gaafachuun deebii isaanii akka deebisan jajjabeessuu. Fakkeenyaaf “Isin haadha daa’imaa taatanii jirtan , Ani abbaa keeti mitii?” jedhanii gaafachuun. Daa’imman” miti” jechuu danda’u ; kanaafuu ani maal keeti? Jechuun gaaffilee kanaaf kana fakkaatan irra deddeebiin gaafachuun dandeettii hubannoo isaanii gabbisuu

Daa’imman waggaa sadiifi afur keessa jiraniif

- Faaruulee gara garaafi (Takkooyyee,Shagooyyee,...Tun maalishiin? Naa buus,...)
- taphoota gara garaa taphachiisuun haasa’aan ogummaa afaanii akka gabbifatan
- Fakkiileef meeshaalee akaakuufi halluun akka adda baasan gochuu fakkeenyaaf isin saree, addurree, konkolaataa jechuun waamaa itti himuun yookiin fakkiilee agarsiisuun kan adda ta’e kam akka ta’eefi maaliif adda akka ta’e akka dubbatan jajjabeessuu
- Oolmaa guyyaa itti himuun daa’immanis dabaree isaaniitiin oolmaa isaanii akka himan jajjabeessuu
- Durdurii akka odeessan, maal akka hojjataa akka jiran akka himan gochuu
- Tapha fakkeessanii akka taphatan jajjabeessuu FKN; meeshaa fakkeessanii taphachuu, buna danfisuu, dhukkubsataafi haakima ta’nii taphachuu, nyaata bilcheessuufi kan kanneen fakkaatan meeshaalee gara garaatiin fakkeessanii akka taphatan jajjabeessuu.

Daa’imman waggaa afurii ol jiraniif

- Kallattilee mirgaafi bitaa, duraafi duuba adda baafachuu isaanii hubachuuf gaaffilee dhiheessuun mirkaneeffachuu.Fakkeenyaaf , Harka bitaa kee natty agarsiisi? Saanii fuuldura kee godhi!
- Wantoota halluun, bocaan, hangaafi ulfaatinaan akka adda baafataniif wajjiin hojjacchuu
- Daa’imman yeroo dubbatan xiyyeeffannoon dhaggeeffachuun ; dubbachuun;ajaa’ibsiifachuun jajjabeeffachuun caalatti akka dubbatan gochuufi akkasumas yerooma hundaa gaaffilee ijoollee deebisuuf fedhiin haa jiraatuu
- Ijoolleen beekumsa jechootaa akka gabbifataniif jechoota haara beeksisuu, akkasumas hima keessa galchuun fayyadamuun hiika isaanii akka hubatan gochuu

- Daa'imman durduriifi muudannoo biroo haala tuttuquutiin (darbaa darbaa) gaaffilee gara garaa gaaffachuu
- Salphaafi itti aanee maaltu akka ta'u tilmaamuuf seenaa isaan dandeessisu itti himuun akkasumas walakkatti "maal ta'e? ammaan booda maaltu ta'a?" gaaffilee fakkaatan gaafachuun yoo danda'ame bifa diraamaatiin akka agarsiisan jajjabeessuu. Fakkeenyaaf , guyyaa tokko mucaa Caalaa jedhamutu ture. Caalaan hiriyoota ollaa isaa waan yaaadeef harmee isaa hayyamsiisee gara mana isaanii deeme. Mana isaanii gahee balbala rurrukute. Keessa sagaleen haarawa ta'e tokko "Eenyuu?" jedhaniin. Caalaan rifatee/nahee "Ana Caalaadha." Jedhe. Itti aansee "maalta'a jettanii yaaddu?" jechuun ijoollee gaafachuu. Waan isaanitti fakkaate akka deebisaniif yeroo kennaniifii jajjabeessuu.
- Maaliif, eenyu, maal, eessa, akkamitti gaaffilee fakkaatan yeroo hundaa gaafachuun dandeettii waa qorachuu gabbisuu.

Kitaabilee akka ilaalan gochuu, sadarkaa umrii isaanittiin kan madaalu qophii raadiyoo kanneen akka wayitii daa'immanii yookiin ijoollee akka dhaggeeffatan gochuu. Itti fufuun waan dhaggeeffatan hangam akka hubatan gaafachuu.

Durdurii seenessuu/dubbisuu

Yeroo marii 3ffaa

Yeroon ramadame: Daqiiqaa jahaatama

Mari'achiisaa

Qabxiilee armaan gadii seensaaf dubbisaa. Akkasumas caalatti kan ibsame odeeffannoo dhuma marii kanaarratti argamu "Odeeffannoo dabalataa mari'achiisaaf" jedhu yaadolee tarraa'ee jiru ilaalaa.

Mari'achiisaa mariin dura yaadannoo faayidaa qabdu tana dubbisaa

Daa'imman akkasumas maatiin durdurii, seenarraa, walaloofi faaruu irraa waan baay'ee baratu. Durdurii itti himuun daa'imman akka xiyyeeffannoo isaanii gabbisuuf gahee olaanaa qaba.

Daa'immaniif durdurii yookiin seenaa himuun yaada isaanii karaalee adda addaatiin dhiheessuu kan dandeessisu ogummaa ittiin gabbifatu. Dabalataanis, dhimma mata duree gurguddaa yeroo durdurii ;seenessuun dhiheessan taateewwan sababaafi bu'aa duraa duubaan ni baratu. Durduriin jechaan daa'immaniif seeneffamuu yookiin kitaabilee durduriin qophaa'an irraa dubbifamuufiin ni danda'ama. Namni durdurii dhiheessu bifa sammuu daa'immanii keessatti suuraa kaasuu yookiin diraamaa fakkeessee yoo dhiheesse daa'imman durdurii kanatti bashannanaa akkasumas fakkaattiiwwaniin/gooddattootaan dhihaachuun akka baratan taasisa. Kitaabilee durdurii fakkiilee of keessaa qaban ofii isaaniitiin akka ilaalan gochuun akkasumas fakkiilee ilaalan sana seenaa isaa akka dubbatan jajjabeessuu nurraa eegama.

Barumsa marii yeroo darbee keessatti dhiyaate keessa deebiin ibsuu(Daqqiqa shan)

Mari'achiisaa

Hirmaattota keessaa nama sadiif carraa kenniif yaada ijoo marii yeroo darbee akka yaadatan gaafadhu.

1. Wantoonni yeroo darbe irratti mari'achaa turre maalfa'i?
2. Barumsa yeroo darbee olloota keessaniifi namoota iddoo hojiitti waliin hojjataniif gooddanii/barsiiftanii?

Kaayyoo Marii: Dhuma marii kanaatti maatiin:

- Haasa'a daa'immanii yookiin guddina afaanii deeggaruuf durdurii seenessuun /dubbisuun deeggarsa ni godhu.
- Daa'imman sadarkaa umrii adda addaatti argamaniif durdurii ni dubbatu.

Shaakala qabatamaa: Waliigalatti dorgommii durdurii seenessuu (Daqqiqa afurtama)

Mari'achiisaa

Jalqabarratti hirmaattota keessaa nama lama filachuun mariiwwan gaggeeffamu yaadannoo akka qabatan itti himuu. Mariin akkuma xumurameen yaada ijoo hirmaattota hundaaf akka dhiheessan

akeekkachiisuu.

Gaaffii: daa'imman durdurii himuun, faaruun barsiisuu, kitaabilee dubbisuun faayidaan inni qabu

maali? (Yoo xiqqaate hirmaattonni sadii deebii akka kennan taasisi)

Itti fufuun hirmaattonni bu'uuruma kallattii taa'aniin mirgaan, bitaafi gidduun adda baasuun garee saditti adda qooduun haa taasifamuu. Durdurii daa'imman madaalu seenessuun dorgommii akka dorgomuu qaban ibsiifi. Gareewwan isaanii keessatti daqiiqaa shaniif qophii akka taasisan beeksisuu/akeekkachiisuu/. Durdurii yookiin seenonni hawaasaa keessatti kan argaman ta'ee afoola yookiin kitaabilee keessaa fudhatamuu danda'a.

1. Durdurii gaggabaaboo dorgommiif ta'u akka dhiheessan itti himuu
2. Durdurii daa'imman madaalu; gareen baay'ee dhiheesse mooyataa waan isa taasisuuf baay'ina durdurii dhiyaatee garee hunda keessatti galmaa'uu akka qabu akeekkachiisuu
3. Dorgommii mirgaa gara bitaatti jalqabsiisi.
4. Tokkoon tokkoo garee irraa bakka bu'ee kan dhiheessu daqiiqaa sadii ol fayyadamuu akka hindandeenye hubachiisuu
5. Akkaataa danbii taa'een durduriin himamu daqiiqaa sadii keessatti akka xumuramu gochuu
6. Yeroo kennameefii olitti kan deeman yoo ta'e namoota biroof carraa akka kennan gochuun dhaabsisuun nurraa eegama.
7. Adeemsi kanaan durdurii baay'ee kan daa'imman madaalu gareen dhiheesse mooyataa ta'a.

Barreessitoonni lamaan dura filataman durdurii daa'immaniif himuun faayidaa qabuufi bu'aa dorgommii dhiheessuutu issanirraa eegama. Tokkoon tokkoo garee durdurii/seena meeqa akka dubbatan ibsuu qabu. Ibsaan booda hirmaattonni durdurii dubbataniin yookiin seenaalee dhiyaate irratti gaaffii yookiin yaada akka kennan affeeruu. Yaadota dhiyaatan, hirmaattonni kennaniifi yaada dhiyaataa ture irratti duub deebii kennuun barbaachisa.

Madaallii (keessa deebii) : (Daqiiqaa shan)

Mari'achiisaa

Gaaffilee madaalliif dhiyaatan guyyaa sanatti maal akka barataniifi hangam akka hubatan

madaaluufi kan dhiyaatu malee qormaata akka hintaane maatiif haa ibsamuufii. Kana ta'us hirmaattota keessaa durdurii daa'immaniif seenessuun faayidaa qabu akka ibsan gaafadhu. Deebiin booda mari'achiisaan yaada cimsaa yookiin sirreeffamaan kennuun duub deebii kennu dhumarratti odeeffannoo dabalataa mari'achiisaaf jedhu waliin walsimuu qaba.

Ergaalee Ijoo:- (Daqiiqaa shan)

Mari'achiisaa

Ergaalee ijoo dubbisaafii

- Maatii/Guddiftoonni durduriin/seenaalee daa'immanitti himan ogummaa afaanii guddisuuf deeggarsa godha.
- Daa'imman fakkiilee kitaaba keessatti argamu ilaaluun ni gammadu. Kitaabileen suuraalee daa'imman waan ilaalan sana gadi fageenyaan hubannoo akka argatan taasisa.
- Maatiifi daa'imman kitaabilee dubbisuun dursa daa'imman dandeettii dubbisuu gabbifachuuf deeggarsa godhaaf
- Yeroo hunda daa'imman maatiin kitaaba dubbisuuf yookiin kitaabileen baay'inaan manatti argaman cinaa sanaa dhufan dandeettii dubbisuu ariitiin yookiin haala salphaan gabbifatu
- Daa'immaniif deddeebiin kitaabilee durdurii dubbisuun dandeettii afaanii kan daa'immanii yookiin baay'ina jechootaa fooyeffachuuf gargaara.
- Dubbisni guyyaa guyyaan daa'immaniif dubbifamu kuusaa jechootaa guddisuufi dandeettii afaanii waliin walqabata.
- Maatiin ijoollee isaa ogummaa haasa'aa guddisuuf deeggarsa gochuu qabu.

Cuunfaa (Daqiiqaa afur)

Mari'achiisaa

Yeroo marii kanatti maatiin daa'immaniif durdurii seenessuun/dubbisuun ogummaa afaanii guddisuu akka danda'amuuf akkasumas dandeettii kalaqaa dadammaqsuun akka danda'amu yaadachiisuun barbaachisaadha. Dabalataanis maatiin daa'immaniif durduriin akkamitti dubbifamuu akka qabu shaakala qabatamaan ilaalaa akka turan yaadachiisuu. Yeroo marii kanaatti maatiin daa'immaniif ogummaa afaanii gabbisuuf durdurii seenessuu/dubbisuun

faayidaa inni qabu ilaalchisee odeeffannoo ijoo akka argatan yaadachiisuu qabu. Marii kanarraa beekumsa goonfatan mana keessatti itti fayyadamuun ijoollee isaaniirratti jijjiirama mul'atu xiinxaluun yeroo itti aanutti gabaasa akka dhiheessan hubachiisuun barbaachisa. Durdurii ijoolleef seenessuu/dubbisuun shaakala gochuu akka qaban irra deebiin hubachiisuun barbaachisaadha.

Dhumarratti hirmaattonni marii kana hirmaannaa ho'aa waan taasisaniif galateeffachuun barbaachisaadha.

Yaadannoo mari'achiisaa

Mari'achiisaa

Qophii mariif taasifan yookiin adeemsa marii kana keessatti adda ta'ee yaanni bahe boqonnaa kana keessatti hammatamuu qabu yookiin irra deebiin xiinxalamuu qaban yaadota ijoo ta'an yaadannoo qabadhaa. Yaadonni ijoo kun barruu/sanada kana gara fuulduraatti caalatti gabbisuuf gargaaraa.

Odeeffannoo Dabalataa Mari'achiisaaf

Durdurii seenessuun/dubbisuun faayiddaa inni qabu

- Durdurii seenessuun/dubbisuun daa'imman, maatiif waan baay'ee akka barataniifi carraa uumaaf. Kitaabilee durdurii keessatti fakkiilee fi seenaalee yaada sammuu daa'immanii kalaqaafi kakaasa/jajjabeessa.
- Durdurii seenessuu/dubbisuun gocha maatiifi daa'imman bashannansiisuudha. Yeroo seenessu/dubbisu sagalee jijjiiruun akkasumas fuulaafi harka jijjiiruufi sosochoosuun barbaachisa.
- Durdurii seenessuun xiyyeeffannoo daa'immanii guddisuuf gahee olaanaa qaba. Durdurii/Seenaa daa'immanitti himuun yaada isaanii haaromsuun karaa adda addaan

suuressuu akka danda'aniif ogummaa akka gabbifataniif gargaara. Durdurii afaaniin/jechaan bareechanii dhiheessuun ni danda'ama. Kitaabilee durdurii dubbisuun bashannanuun nidanda'ama.

- Daa'imman dubbisuu danda'an kitaabilee durdurii sadarkaa umrii isaanii madaalu; gaazexoota akka dubbisaniif jajjabeessuu akkasumas kan dubbisan akka dhiheessan yookiin haasa'an gochuu.
- Kitaabilee daa'imman fakkii hubachuu danda'an , yaad-qalbii isaanii gabbisu walqunnamtii maatii/guddiftoota waliin qaban jajjabeessuu; dabalataan yaadaafi miiraan ibsuuf dandeettii gabbisa.
- Maatiin/Guddiftoonni daa'imman waliin kitaabilee dubbisuun gara fuulduraatti daa'immaniif guddina fayyaa,jaalala dubbisuu gabbisuun bu'aa guddaa buusaaf
- Maatiin/Guddiftoonni daa'immaniif yeroo hunda durdurii kan dubbisaniif yoo ta'e akkasumas mana keessatti kitaabileen dubbifaman jiraachuun cimina gara fuula duraatti dhaabbiin dubbisuuf bu'uura kaa'a.
- Daa'immaniif guddinni afaanii gabbisuuf baay'ina jechootaatiin maatiin yeroo hundaa durdurii dubbisuun akka baratanitti fudhachuun hojjiirra oolchuu qabu.

Walumaa galatti daa'immaniif kitaabilee dubbisuun faayidaalee olaanoo armaan gadiitti

tarraa'ee jiru kana qaba.

1. Daa'imman dubbisuun dura (Qubeelee akka adda baafatan, bitarraa gara mirgaattiifi gubbaa gara gadiitti akka dubbifamu)fi kitaabilee adda baafachuu(kitaabilee fuula duraafi duuba, uuwvisa isaa beekuu, mata dureewwan kitaabaa adda baafachuu,..fi kkf) ogummaa gabbifatu.
2. Dandeettii hubannoo daa'immanii guddisuu(Durdurii keessatti qooddattoota maqaan dhahame,miiraafi seenaalee yaada ijoo isaa hubachuu)
3. Aadaa waliin dubbisuu niguddifatu. Walitti dhufeenya maatummaa(Friendly) ni jabeeffatu.
4. Dandeettii afaanii garagaraa ni gabbifatu.

